



**Xiinxala Ga'umsa Ulfaatina Gaaffilee Qorumsa Xumura Sadarkaa Giddugaleessaa
Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 Bara 2015: Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee**

Calqabaa Guddataa^{1*}, Taasisaa Kumsaa^{2*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunivarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<i>Kaayyoon qorannoo kanaa ga'umsa ulfaatina gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 bara 2015 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee xiinxaluudha. Saxaxni qorannoo kanaa ibsaa yoo ta'u, malli qorannicha geggeessuu keessatti hojiirra oole immoo mala qorannoo makaati. Maddi ragaa qorannichaas madda ragaa tokkoffaadha. Ragaan qorannoo kanaa tooftaa xiinxala dookimantiin funaaname. Malli iddatteessuu dhimma itti ba'ames mala carraa salphaafi akkayyoodha. Mala iddatteessuu carraa salphaatti fayyadamuun kutaalee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee lama kan filataman yommuu ta'an, mala iddatteessuu akkayyoo gargaaramuun immoo manneen barnootaa kutaalee magaalaa lamaan kana keessa jiran ja'atu filataman. Ragaaleen qorannoo kanaa mala akkamtaafi hammataan xiinxalaman. Qorannoo kanaan, gaaffileen qorumsa Afaan Oromoo xummuraa sadarkaa giddugaleessaa kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015tti kennaman 60 keessaa 45 (%75) fudhatamoo yommuu ta'an, 13 (%22) rakkoo ga'umsa ulfaatinaa akka qaban adda ba'eera. Gama biroon, gaaffilee 60 dhiyaatan keessaa 2 (3%) immoo sababa filannoowwan arfanuu akka deebiitti barattoota hundaaf sororfamaniif, ga'umsa ulfaatina gaaffilee lamaan kanaa xiinxaluun hindanda'amne. Kun immoo gaaffilee 15(25%) rakkoo qabaachu isaanii mul'iseera. Kanaaf, rakkoo ga'umsaa gaaffilee qorumsaa furuuf, qaamni qorumsicha qopheessuu gaaffilee qorumsaa barattoonni yeroo adda addaa qoraman irratti xiinxala ga'umsa ulfaatina gaaffilee geggeessuun kanneen rakkoo qaban adda baasuun garafuulduratti irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.</i>	Article History: Received: 02-01-2025 Revised: 31-03-2025 Accepted: 16-04-2025 Jechoota Ijoo: gaaffii ga'umsa, qorumsa, xiinxala, ulfaatina, *Qorataa Muummee: Calqabaa Guddataa E-mail: chelkebagudeta@gmail.com

1. Seensa

Qorumsi gosa iyyaafannoo keessaa tokko ta'ee gaaffilee barreeffamaa adda addaatti fayyadamuun kaayyoon barnootaa galma ga'uufi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf meeshaa odeeffannoo funaanuuf gargaaruudha. Yaada kana Brown (1996, f. 3) akka ibsetti, qorumsi mala beekumsa yookiin raawwii hojii murtaa'aa nama tokkoo ittiin safaramudha.

Dabalataan, Kaplan and Saccuzzo (2009, f.6) akka barreessanitti, qorumsi meeshaa safartuu yookiin tooftaa amala safaruuf tajaajilu yookiin beekumsa nama tokkoo hubachuufi tilmaamuuf gargaara. Fakkeenyaaf, qorumsi qubeessuu hamma namni tokko jechoota haala sirriin qubeessuu danda'e yookiin hanga inni jechoota murtaa'oo sirnaan qubeessuu danda'e madaala.

Yaada kanaan kan walfakkaatu Ur (1996, f.33) akka ibsetti, qorumsi yeroo baay'ee dandeettii yookiin beekumsa barattoonni waan baratan irratti horatan madaaluuf gargaara. Kana jechuunis qorumsi qabxii sadarkaa beekumsa qoramtootaa tilmaamuuf gargaaru kenna. Kunis namni tokko hojii murtaa'aa tokkoof yookiin dhaabbata leenjii tokko galuuf ga'umsa qabaachuu, barnoota tokko hubachuu yookiin kutaa murtaa'aa tokkotti darbuu danda'uu isaa/ishee irratti murtii kennuuf tajaajila.

Qorumsi qophaa'us, kaayyoo barnootaa madaaluuf yaadame yookiin jijjiirraa amalaa dhufuuf yookiin fiduuf yaadame irratti hundaa'uun ta'uu qaba. Kana jechuunis, gaaffileen qorumsaa qophaa'an qabiyyeewwan barnootaa barsiifaman kan giddugaleeffataniifi kaayyoowwan barnootichaa kan bu'uureeffatan ta'uutu isaanirra jira.

Gaaffileen qorumsaa qabiyyeefi kaayyoo giddugaleessa godhachuun qophaa'es dandeettiifi beekumsa barattootaa iyyaafachuuf gargaara. Yaada kana Brown (1996) akka ibsetti, gaaffileen qorumsaa afaanii gaaffilee dandeettiifi beekumsa afaanii barattootaa kan ittiin iyyaafatamudha. Gosoonni gaaffilee kanaas, gaaffilee dhugaa/soba, filannoo, walitti firoomsii, bakka duwwaa guutuu, deebii gabaabaafi gaaffilee ibsaa yookiin barreessuudha.

Haata'u malee, tokkoon tokkoo gosoota gaaffilee qorumsaa kunneen caasaaleefi dandeettiiwwan afaanii adda addaa iyyaafachuu irratti ga'umsa walqixxee hinqaban. Yaaduma kana deeggaruun Heaton (1988, f.25) akka ibsetti, gosti gaaffii tokko kanneen biroo caalaa caasaaleefi dandeettiiwwan afaanii murtaa'oo madaaluu danda'a. Fakkeenyaaf, dandeettii dubbisuufi jechootaa gaaffilee deebii daanga'aatu madaaluuf mijata. Haata'u malee, dandeettiin barreessuu haala ga'aa ta'een iyyaafachuuf

gosa gaaffii deebii banamaa/ibsii ykn barreessuutu mijata. Kanaaf, haqina gosoota gaaffilee qorumsaa tokkoo isa biroon guutuuf gaaffilee qorumsaa kana walitti makuun itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Akkasumas, gosti gaaffii qorumsaas qabxii barattootaarratti dhiibbaa mataa isaa qaba. Yaada kana Weir (1990, f. 42) akka barreessetti, gosti gaaffii firii barataa irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf, gosoota gaaffilee qorumsaa adda addaa walitti makuun daree keessatti itti fayyadamuun beekumsaafi dandeettii barattootaa haala ga'umsa qabuun iyyaafachuuf gargaara. Haata'u malee, qorumsaa sadarkaa naannoofi biyyoolessaatti kennamu keessatti gosa gaaffilee kanneen hunda hammachiisuun rakkisaadha. Kanaaf, gosoota gaaffilee kanneen keessaa gaaffileen filannoo mijataa waan ta'eef, isatti dhimma ba'ama. Gosti gaaffilee filannoo kun yoo haala sirriitti qophaa'e kanneen biroo caalaa sadarkaa kaayyoo barnootaa hunda iyyaaffachuuf ga'umsa qaba. Ga'umsa gosa gaaffilee filannoo kanaa fooyyessuun nidanda'am. Tooftaan ga'umsa gaaffilee qorumsaa kana adda baasuuf oolus xiinxala gaaffii geggeessuudha.

Xiinxalli gaaffilee qorumsaa hojiin qorumsa qoruun sororsuun erga raawwatamee booda gaarummaa gaaffilee qorumsaa ilaaluuf

tajaajiluudha. Xiinxalli gaaffii qorumsaa kun qophii qorumsaa keessatti hojii baay'ee barbaachisaadha. Kunis adeemsa ga'umsa gaaffii madaaluuf deebii qoramtootaa tokkoo tokkoo gaaffilee dhiyaatan waliin xiinxaluu ofkeessatti hammatudha (MOE. 2014, f. 88).

Yaada kana Pal (2023, f.126) akka ibsetti, xiinxalli gaaffilee qorumsaa tooftaa gaaffiin qorumsaa gaarii, amanamoo, sirriifi kaayyoon barnootaa lafa kaa'ame galma ga'uu isaa safaruuf gargaaru adda baasuuf tajaajiludha. Yaada kana kan deeggaru David (2019, f.4) akka barreessetti, xiinxalli gaaffii qorumsaa tooftaa shallaggii bu'a qabeessummaa gaaffilee qorumsaa adda baasuuf barsiistota gargaarudha.

Kaayyoo xiinxala gaaffilee qorumsaa Pal (2023, f. 126) akka barreessetti, kaayyoon guddaa xiinxala gaaffii qorumsa gaaffileen qorumsaa qophaa'an keessaa kan barattoota yookiin namoota dhuunfaa qophaa'aniif mijatoo, amanamoofi sirrii ta'an filachuudha. Xiinxalli gaaffii qorumsaa kunis faayidaalee adda addaa qaba. Isaanis: gaaffilee salphaafi hiika lama qaban haquuf, tokkoon tokkoon gaaffilee filatamanii guutummaa qorumsichaa bakka bu'uu adda baasuuf, baay'ina gaaffilee qorumsichaa keessatti haammatamuu qabanii murteessuufi mudaa(hanqina) gaaffileen

qorumsaa deebii barattootaarratti qaban ibsuuf oola.

Xiinxalalli gaaffilee qorumsa adeemsa keessa darbuun raawwatamu qaba. Dhimma kana Pal (2023) akka ibsetti, xiinxala gaaffii qorumsaa geggeessuuf, jalqaba firii barattoonni dhuunfaan argatan galmeessudha. Itti aansuun, waraqaa deebii isaanii guddaarraa gara xiqqaatti tartiibeessudha. Sana booda baay'ina barattoota qorumsa fudhatanii keessaa %27 adda baasuudha. Itti fufuunis, baay'ina waraqaa deebii barattoota qabxii guddaa fidanii gubbaarraa gaditti tartiibeffaman keessaa %27fi waraqaa deebii barattoota qabxii xiqqaa fidanii keessaa %27 jalaa ol kaa'aman adda baasuudha. Sana booda, barattoota firii olaano galmeessanii %27 garee olaanaa (GO)fi warra firii gadaanaa fidan %27 garee gadaano (GG) jechuun garee lamatti qoodamu. Kana booda, tokkoo tokkoo filannoowwan gaaffilee qorumsichaa dhiyaatanii barattoota garee olaano (GO)fi garee gadaanoon (GG) meeqa meeqaan akka filataman gargar baasuudha.

Xiinxalli gaaffii qorumsaa kunis qabxiilee adda addaa xiinxaluurratti xiyyeeffata. Yaada kana Pal (2023) akka ibsetti, xiinxalli gaaffii qorumsaa ulfaatina gaaffii, humna dandeettii barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwaniitiin raawwatama. Kanneen

keessaa qorannoo kana keessatti xiinxala ulfaatina gaaffileetu xiyyeeffatame.

Xiinxalli ulfaatina gaaffii kunis sadarkaa ulfaatina gaaffii tokkoo adda baasuun ibsuuf tajaajila. Safartuun ulfaatina gaaffii hanga barattoota gaaffii qorumsaa tokko deebii sirrii deebisan giddugaleeffata. Yoo firiin barattoota garee tokko keessa jiran hundi ulfaatina gaaffii keessatti kan haammatan ta'e, ulfaatinni gaaffii salphumatti dhibbeentaa waliigalaa ta'a. Ulfaatinni gaaffilee %27 firii garee olaanoofi garee gadaanootti fayyadamuun shallagama (MOE. 2014, f.89).

Ulfaatina gaaffilee shallaguuf foormullaa dhimma itti ba'amus $P = \frac{UG+LG}{Total(UG+LG)}$ dha.

P=ulfaatina, UG=barattoota firii olaano galmeessisaniifi LG=barattoota firii gadaano galmeessisan bakka bu'u. Haala kanaan firiin dhumarratti argamuuf hiikni kennamuu qaba. Kunis firiwwan ulfaatina gaaffilee qorumsaa shallaggiin argamanii 0.801fi isaa ol yoo ta'e, gaaffiileen akkasii haqamuu qabu. Kunis, gaaffichi baay'ee salphaa ta'uu agarsiisa. Firiin argame 0.71-0.79 yoo ta'e, dandeettiin adda baasuu isaa gaarii yoo ta'e fudhatama qaba; yoo gaarii hintaane garuu fooyya'uu qabu. Firiin argame 0.30-0.70 yoo ta'e immoo fudhatamaadha. Gama biroon firiin argame 0.20-0.29 yoo ta'e, dandeettiin adda baasuu isaa gaarii taanaan fudhatama qabu; yoo gaarii

hintaane garuu fooyya'uu qabu. Haata'u malee, firiin argame 0.19fi isaa gadi yoo ta'e sirrii waan hintaaneef haqamuu qaba (MOE. 2014).

Kanaaf, gaaffileen qorumsaa ulfaatina sirrii ta'e qabaachuu isaa mirkaneessuuf xiinxalli gaaffii irratti gaggeessuun baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, amma qorataan sakatta'ee bira ga'etti, qorannoon hanga yoonaatti dhimma xiinxala gaaffii geggeeffame hinjiru. Qorataanis qaawwa kana guutuuf, xiinxala ulfaatina gaaffilee qorumsaa barnoota Afaan Oromoo xumura sadarkaa giddugaleessaa kutaa 8 bara 2015 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee qophaa'ee geggeessee jira.

2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa ibsaatti dhimma bahuun kan gaggeeffame. Malli qorannoo dhimma itti bahame, mala qorannoo makaati. Sababni isaas, ragaaleen qorannoo kanaa bifa lakkoofsaafi ibsaan waan qaacceffamaniifidha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaati. Innis, ragaalee qorumsa barnoota Afaan Oromoo xumura sadarkaa giddugaleessaa barattoonni kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015 qoramanidha. Sababni isaas, xiinxalli gaggeeffame gaaffilee qorumsaa sanaarratti waan ta'eefidha.

Kutaalee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman kudha-tokko (11) keessaa

kutaa magaalaa Nifaas Silk Laaftoofi Kolfee, kutaalee magaalaa lamaan kana keessaa ammoo, manneen barnootaa sadarkaa giddugaleessaa sagantaa Afaan Oromootiin qorumsa kutaa 8 qoran: Burqaa Waayyuu, Booree Galaan, Raaphii, Jeneraal Waaqoo Guutuu lakkoofsa 1, Jeneraal Waaqoo Guutuu lakkoofsa 2 fi Haannaa akka iddattoo qorannoo kanaatti filatamaniiru. Malli iddatteessuu qorannoo kanaa, mala iddatteessuu carraafi miti carraati. Mala iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu carraa salphaa yoo ta'u, kan miti carraa keessaammoo iddatteessuu akkayyootti fayyadamuun iddattoon qorannoo kanaa filatamaniiru. Manneen barnootaa bara 2015 qorumsa kutaa 8 qoran keessaa mala akkayyoon manneen barnootaa ja'a (6) filatamaniiru. Sababni isaas, Manneen barnootaa kun iddattoo barattoota qorumsa fudhatanii argachuuf baay'inni barattootaa waan qaabaniifidha. Akkasumas, qorumsi bara 2015 kennames kan bara kaan kenname irra yeroodhaan as dhiyoo waan ta'eef, ragaan barbaachisoo ta'aan kallattiin argamuu kan danda'uufi bu'aan qorannichaa kallattiin qaamolee dhimmi qophii qorumsaa ilaallatuun xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamuu danda'a jedhee waan amaneef maluma akkayyootiin filatameera.

Meeshaan funaansa ragaa qorannoo kanaa xiinxala dookimantiiti. Sababni isaas,

ragaaleen qorannichaa kan barattoota baay’inni isaanii dhibba shaniifi digdami saddeet (528) dookimantiiwwan kuufamanii jiran kanneen akka: ragaa qabxii barattootaa, waraqaa deebii qorumsa barattootaafi waraqaa gaaffilee qorumsichaa xiinxaluun kan argame waan ta’eefidha.

Haaluma kanaan qoratichi, xiinxala dokimantii kanatti fayyadamuun ragaa qorumsa barattoota manneen barnoota kanaa kuufamanii jiran waraqaa deebii barattootaafi waraqaa gaaffilee qorumsaa Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa argame irratti xiinxala gadi fagoo taasisee mala makaan qaaccessuun hiika itti kenneera. Xiinxalli kunis, ga’umsa ulfaatina gaaffilee qorumsichaa irratti geggeeffameera.

3. Xiinxalaa Ragaalee

Xiinxalli ulfaatina gaaffilee qorumsaa sadarkaa ga’umsa gaaffilee qorumsaa adda baasuuf oola. Pal (2023), MOE(2014)fi David(2019) akka ibsanitti, foormullaan shallaggii ulfaatina gaaffilee qorumsaa xiinxaluuf gargaaru,

$$P = \frac{UG+LG}{\text{Total (UG+LG)}}$$

Total (UG+LG)

Foormulaa kana keessatti P: Item difficult index (Gatii ulfaatina gaaffii), UG = Upper group (Barattoota garee olaano deebii sirrii argatan)fi LG = Lower group (Barattoota garee gadaano deebii sirrii argatan) ibsa. Gabaabumatti, haala, gatii shallaggiifi hiikni

isaa haala armaan gadiin gabatee keessatti dhiyaateera.

Foormulaa Shallaggii	Gatii Shallaggii	Hiika Shallaggii
P= $\frac{UG+LG}{\text{Total (UG+ LG)}}$	0.805fi isaa ol	Gaaffiin akkasii haqamuu qaba.
Yookiin	0.71-0.79	Fudhatamuu qaba
$\frac{BGO + BGG}{\text{Ida'ama(BGO + BGG)}}$	0.30-0.70	Fudhatamaadha
	0.20- 0.29	Fudhatamuu qaba
	0.19fi isaa gadi	Haqamuu qaba

Hubachiisa

P=Gatii Ulfaatinaa, BGO=Barattoota Garee Olaanoofi BGG=Barattoota Garee Gadaano bakka bu’u. Xiinxala gaaffilee asiin gaditti taasifaman keessatti tokkoo tokkoo gaaffileef filannoowwan dhiyaatan keessaa kan lakkoofsonni jalatti dhiyaatan gurraacha’anii barreeffaman filannichi deebii sirrii yoo ta’u, filannoowwan hafan immoo dogoggorsitootadha. Shallaggii firii keessatti firii sararri jiru, lakkoofsonni firichaa irra deddeebi’uu isaanii agarsiisa. Gaaffilee lama (gaaffilee 9fi 25) fuulduratti sararri ciccitaan kaa’ame immoo gaaffichi xiinxalamuuf rakkoo qabaachuu isaarran kan ka’e osoo hinxiinxalamiin hafuu isaanii mul’isa. Sababni isaas, qabxiilee xiinxala gaaffiif barbaachisan keessaa filannoo deebii sirrii ta’uun gaaffichi ittiin soroorfame adda ba’ee waan hinbaaneefidha. Kana jechuunis gaaffileen kunneen barattoota filannoo kennaman keessaa tokko filatan hundaaf kennameera jechuudha.

Gabatee 1: Xiinxala Ulfaatina Gaaffilee Qorumsaa 1-9

Lak. Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika Firii
1	BGO	7	256	0	1	$\frac{256+199}{264+264} = 0.861724$	Haqamuu qaba
	BGG	27	199	35	3		
2	BGO	1	0	263	0	$\frac{263+196}{264+264} = 0.869318$	Haqamuu qaba
	BGG	28	16	196	24		
3	BGO	9	253	2	0	$\frac{253+155}{264+264} = 0.772$	Fudhatamuu qaba
	BGG	62	155	24	23		
4	BGO	262	2	0	0	$\frac{262+162}{264+264} = 0.803$	Haqamuu qaba
	BGG	162	25	31	46		
5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245+143}{264+264} = 0.7348$	Fudhatamuu qaba
	BGG	42	21	58	143		
6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154+86}{264+264} = 0.4545$	Fudhatamaadha
	BGG	46	49	86	83		
7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240+106}{264+264} = 0.65530$	Fudhatamaadha
	BGG	61	37	60	106		
8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259+223}{264+264} = 0.91287$	Haqamuu qaba
	BGG	223	26	3	12		
9	-----	-----	-----	---	---	-----	-----

Xiinxala gaaffii 1^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.86 ta'uu isaati. Firiin kun immoo akka hiika gabaticha keessatti kennameetti haqamuu qaba. Sababni isaas gaaffichi baay'ee salphaa waan ta'eef. Kanaaf, ragichi gaaffiin kun gama kanaan rakkoo qabaachuu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 2^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.86 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti haqamuu qaba. Sababni isaas, gaaffiin kun baay'ee salphaa waan ta'eef.

Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaatiin rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 3^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.77 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffii gaarii ta'uu agarsiisa. Kanaaf, ragichi gaaffiin kun gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 4^{ffaa} gabatee 1 armaan olitti keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.80 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi baay'ee

laafaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo kan qabu ta'uu mirkaneesseera.

Xiinxala gaaffii 5^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.73 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragichi gaaffiin kun gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 6^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.45 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 7^{ffaa} gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.65 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 8^{ffaa} gabatee 1 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.91ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun

Ragaa gabatee 1 armaan oliirraa kan hubatamu, gaaffii 9^{ffaa}n kan hinxiinxalamne ta'uu isaati. Sababni isaas, qabxiileen xiinxala gaaffii geggeessuuf barbaachisoo ta'an waan hinguunneefidha. Kana jechuunis, gaaffichaaf deebiin sirrii ta'e tokko waan hinkennamneef, barattoota hundaaf soroorfamee jira. Kanaaf, gaaffiin kun rakkoo ulfaatinaa qabaachuufi dhiisuu isaa xiinxaluun adda baasuun hindanda'amu.

Gabatee 2 Xiinxala Gaaffilee Qorumsaa 10-16

Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika Firii
10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254+178}{264+264} = 0.8181$	Haqamuu qaba
	BGG	11	44	178	31		
11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250+170}{264+264} = 0.7954$	Fudhatamuu qaba
	BGG	33	20	170	41		
12	BGO	6	13	241	4	$\frac{241+151}{264+264} = 0.742$	Fudhatamuu qaba
	BGG	29	52	151	32		
13	BGO	1	6	3	254	$\frac{254+115}{264+264} = 0.698863$	Fudhatamaadha
	BGG	28	63	58	115		
14	BGO	14	20	55	175	$\frac{175+89}{264+264} = 0.5$	Fudhatamaadha
	BGG	48	62	65	89		
15	BGO	14	238	8	4	$\frac{238+158}{264+264} = 0.75$	Fudhatamuu qaba
	BGG	55	158	23	24		
16	BGO	114	100	8	42	$\frac{100+23}{264+264} = 0.232954$	Fudhatamuu qaba
	BGG	149	23	26	66		

Xiinxala gaaffii 10^{ffaa} gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.81 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika firii gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 11^{ffaa} gabatee 2 armaan olitti keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.79 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 12^{ffaa} gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.74 ta'uu isaati.

Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 13^{ffaa} gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.69 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 14^{ffaa} gabatee 2 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.5 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera. Xiinxala

Calqabaa G. fi Kb

gaaffii 15^{ffaa} gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.75 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 16^{ffaa} gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 65-84

shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.23 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Gabatee 3 Xiinxala Gaaffilee Qorumsaa 17-28

Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika Firii
17	BGO	227	22	5	10	$\frac{227+146}{264+264} = 0.706439$	Fudhatamaadha
	BGG	146	59	19	40		
18	BGO	2	6	255	1	$\frac{255+200}{264+264} = 0.672348$	Fudhatamaadha
	BGG	18	23	200	23		
19	BGO	3	249	8	4	$\frac{249+174}{264+264} = 0.801136$	Haqamuu qaba
	BGG	29	174	33	28		
20	BGO	222	38	3	1	$\frac{222+141}{264+264} = 0.6875$	Fudhatamaadha
	BGG	141	75	23	25		
21	BGO	234	10	8	12	$\frac{234+113}{264+264} = 0.657196$	Fudhatamaadha
	BGG	113	37	51	63		
22	BGO	22	11	225	6	$\frac{225+96}{264+264} = 0.607954$	Fudhatamaadha
	BGG	89	28	96	51		
23	BGO	3	225	31	5	$\frac{225+53}{264+264} = 0.52651$	Fudhatamaadha
	BGG	51	53	117	43		
24	BGO	101	141	15	7	$\frac{141+77}{264+264} = 0.4187$	Fudhatamaadha
	BGG	79	77	35	73		
25	----	-----	-----	-----	-----	-----	-----
	----	-----	-----	-----	-----		
26	BGO	215	42	3	4	$\frac{215+126}{264+264} = 0.645521$	Fudhatamaadha
	BGG	126	106	15	17		
27	BGO	4	250	8	2	$\frac{250+141}{264+264} = 0.74050$	Fudhatamuu qaba
	BGG	16	141	22	85		
28	BGO	9	12	203	40	$\frac{203+81}{264+264} = 0.5378$	Fudhatamaadha
	BGG	40	58	81	85		

Xiinxala gaaffii 17^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.70 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 18^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.67 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaarii ta'uu agarsiiseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 19^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.80 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee laafaa ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 20^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.68 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaarii ta'uu agarsiiseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 21^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa Giddugaleessaa 0.65 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha

keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 22^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.60 ta'uu isaati. Firiin kun immoo akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 23^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olitti keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.52 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Xiinxala gaaffii 24^{f_{faa}} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.41 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu agarsiiseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Gabatee 3 armaan oliirraa kan hubatamu, gaaffii 25^{f_{faa}}n kan hinxiinxalamne ta'uu isaati. Sababni isaas, qabxiileen xiinxala gaaffii kanaa geggeessuuf barbaachisoo ta'an waan hinguunneefidha. Kana jechuunis, gaaffichaaf deebiin dhaabbataa ta'e tokko waan hinkennamneef, gaaffichi barattoota hundaaf

soroorfamee jira. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 26^{ffaa} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.64 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 27^{ffaa} gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.74 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha

keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu agarsiiseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 28^{ffaa} gabatee 3 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.53ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Gabatee 4: Xiinxala Gaaffilee Qorumsaa 29 -38

	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika Firii
29	BGO	29	196	23	16	$\frac{196+80}{264+264} = 0.522\overline{7}$	Fudhatamaadha
	BGG	58	80	79	47		
30	BGO	121	7	132	4	$\frac{121+42}{264+264} = 0.3087\overline{12}$	Fudhatamaadha
	BGG	42	75	120	27		
31	BGO	177	13	15	59	$\frac{177+92}{264+264} = 0.509469$	Fudhatamaadha
	BGG	92	46	67	59		
32	BGO	247	9	6	2	$\frac{247+192}{264+264} = 0.83143\overline{9}$	Haqamuu qaba
	BGG	192	34	20	18		
33	BGO	5	7	18	234	$\frac{234+86}{264+264} = 0.4\overline{16}$	Fudhatamaadha
	BGG	50	41	87	86		
34	BGO	9	28	211	16	$\frac{211+58}{264+264} = 0.50946\overline{9}$	Fudhatamaadha
	BGG	46	117	58	43		
35	BGO	6	6	54	198	$\frac{198+71}{264+264} = 0.51238$	Fudhatamaadha
	BGG	71	52	70	71		
36	BGO	2	5	252	5	$\frac{252+92}{264+264} = 0.615\overline{1}$	Fudhatamaadha
	BGG	40	62	92	70		
37	BGO	254	6	3	1	$\frac{254+213}{264+264} = 0.884$	Haqamuu qaba
	BGG	213	12	12	27		
38	BGO	4	3	249	8	$\frac{249+131}{264+264} = 0.6628\overline{7}$	Fudhatamaadha
	BGG	17	70	131	76		

Xiinxala gaaffii 29^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.52 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 30^{ffaa} gabatee 4 armaan olitti keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.30 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaarii ta'uu agarsiiseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 31^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.50 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 32^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.83 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee laafaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 33^{ffaa} gabatee 4 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.41ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 34^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.50 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 35^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.51 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 36^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.61 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 37^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.88 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Gabatee 5: Xiinxala Gaaffilee Qorumsaa 39 –48

Xiinxala gaaffii 38^{ffaa} gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.66 ta'uu

Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika
39	BGO	2	6	2	254	$\frac{254+113}{264+264} = 0.65\overline{7}$	Fudhatamaadha
	BGG	37	58	56	113		
40	BGO	9	2	248	5	$\frac{248+131}{264+264} = 0.7178\overline{03}$	Fudhatamaadha
	BGG	53	43	131	37		
41	BGO	261	0	0	3	$\frac{261+222}{264+264} = 0.9147\overline{72}$	Haqamuu qaba
	BGG	222	11	17	14		
42	BGO	1	5	15	243	$\frac{243+108}{264+264} = 0.723\overline{48}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	12	40	104	108		
43	BGO	3	6	5	250	$\frac{250+132}{264+264} = 0.723\overline{48}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	80	25	27	132		
44	BGO	6	248	7	3	$\frac{248+180}{264+264} = 0.81\overline{06}$	Haqamuu qaba
	BGG	33	180	29	22		
45	BGO	4	2	4	254	$\frac{254+163}{264+264} = 0.7897\overline{72}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	17	33	51	163		
46	BGO	12	9	221	22	$\frac{221+70}{264+264} = 0.551\overline{36}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	63	59	70	72		
47	BGO	3	12	247	2	$\frac{247+182}{264+264} = 0.8125$	Haqamuu qaba
	BGG	33	36	182	3		
48	BGO	101	154	5	4	$\frac{154+44}{264+264} = 0.375$	Fudhatamuu qaba
	BGG	163	44	36	21		

Xiinxala gaaffii 39^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.65 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 40^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.71 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 41^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.91 ta'uu isaati. Firiin kun immoo akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 42^{ffaa} gabatee 5 armaan olitti keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.72 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 43^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin

shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.72 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 44^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.81 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 45^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.78 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 46^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.55 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 47^{ffaa} gabatee 5 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.81ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan

kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 48^{ffaa} gabatee 5 armaan olii keessatti dhiyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.37 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Gabatee 6: Xiinxala Gaaffilee Qorumsaa 49 –60

Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Ulfaatina isaatiin	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika
49	BGO	4	6	3	251	$\frac{251+150}{264+264} = 0.759\overline{69}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	20	55	39	150		
50	BGO	17	243	9	5	$\frac{243+150}{264+264} = 0.744358$	Fudhatamuu qaba
	BGG	42	150	26	46		
51	BGO	254	8	2	0	$\frac{254+192}{264+264} = 0.844\overline{69}$	Haqamuu qaba
	BGG	192	34	20	18		
52	BGO	248	6	4	6	$\frac{248+163}{264+264} = 0.778\overline{42}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	163	30	34	37		
53	BGO	5	247	11	1	$\frac{247+149}{264+264} = 0.75$	Fudhatamuu qaba
	BGG	61	149	35	19		
54	BGO	9	20	227	8	$\frac{227+144}{264+264} = 0.7026\overline{51}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	50	31	144	39		
55	BGO	251	9	2	2	$\frac{251+161}{264+264} = 0.78\overline{03}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	161	33	30	40		
56	BGO	10	0	2	252	$\frac{252+166}{264+264} = 0.791\overline{6}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	58	20	20	166		
57	BGO	2	248	14	0	$\frac{248+179}{264+264} = 0.8097\overline{12}$	Haqamuu qaba
	BGG	35	179	40	10		
58	BGO	2	3	4	255	$\frac{255+164}{264+264} = 0.7935\overline{06}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	42	19	39	164		
59	BGO	7	0	16	241	$\frac{241+115}{264+264} = 0.67\overline{42}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	51	29	69	115		
60	BGO	98	10	155	1	$\frac{98+76}{264+264} = 0.329\overline{54}$	Fudhatamuu qaba
	BGG	76	39	119	30		

Xiinxala gaaffii 49^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dh iyaatteraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.75 ta'uu isaati. Firiin kun immoo akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 50^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.74 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffiin kun gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera

Xiinxala gaaffii 51^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.84 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 52^{ffaa} gabatee 6 armaan olitti keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.77 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera

Xiinxala gaaffii 53^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.75 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 54^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.70 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 55^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.78 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 56^{ffaa} gabatee 6 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.79ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 57^{ffaa} gabatee 6 armaan olitti keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.80 ta'uu isaaniiti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti gaaffichi baay'ee salphaadha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan rakkoo qabaachuu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 58^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa 0.79 ta'uu isaati. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 59^{ffaa} gabatee 6 armaan olii keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.67 ta'uu isaati. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Xiinxala gaaffii 60^{ffaa} gabatee 6 armaan oliirraa kan hubatamu, firiin shallaggii ulfaatina gaaffichaa naannoo 0.32ti. Firiin kun, akka hiika gabaticha keessatti kennameetti gaaffichi gaariidha. Kanaaf, ragaan kun gaaffichi gama ulfaatinaan fudhatamaa ta'uu argisiiseera.

Walumagalatti, ragaa xiinxala gaaffilee qorumsaa xummuraa sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 barattoonni Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015tti qoraman baay'een gama ulfaatinaatiin gaarii yommuu ta'an, muraasni garuu baay'ee salphaa waan ta'aniif rakkoo kan qaban ta'uu hubatameera.

4. Argannoo

Xiinxala ragaalee olitti taasifamerraa ulfaatinni gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo xumura sadarkaa giddugaleessaa kutaa 8 barattoonni Bulchiinsa magaalaa Finfinnee bara 2015tti qoraman 58 keessaa 45 (%78) fudhatama akka qaban yoo ta'u, gaaffileen 13(%22) ammoo baay'ee salphaa waan ta'aniif rakkoo ga'umsa ulfaatinaa qabaachuun hubatameera. Kun immoo gaaffileen qorumsichaa baay'een gama ulfaatinaatiin gaariidha. Haata'u malee, sababa ulfaatinni gaaffilee qorumsatichaa gaarii ta'e qofaaf gaaffileen qorumsichaa ga'umsa qaba jechuun hindanda'amu. Sababni isaas gaaffilee qorumsaa kun ga'umsa qabaachuusaa mirkaneessuuf dabalataan xiinxalli humna adda baasuu isaaniifi gaarummaan filannoowwanii isaanii ilaalamuu qabu waan ta'eefidha. Gaaffilee jaatama (60) dhiyaatan keessaa lama (2) immoo sababa ulaagaa xiinxala gaaffii tokkoof barbaachisu hinguunneef (barattootaaf hundaaf deebii isaan

filatan hundi akka deebii sirriitti waan sororfameef) ulfaatina gaaffilee lamaan kanaa xiinxaluun hindanda'amne. Kanaaf, gaaffileen kunneenis gaaffilee rakkoo qaban jalatti waan ramadamaniiif gaaffilee qorumsaaf dhiyaatan 60 keessaa 15 (%25) rakkoo ga'umsa ulfaatinaa qabaachuun isaanii hubatameera.

5. Goolaba

Qorannoon kun xiinxala ga'umsa ulfaatina gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 bara 2015 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irratti fuulleffachuun geggeeffameera. Xiinxalli gaaffii qorumsaa hojii gaarummaa gaaffilee qorumsaa madaaluuf geggeeffamudha. xiinxalli gaaffii qorumsaa kunis tooftaa gaaffilee qorumsaa gaarii, amanamoo, sirriifi kaayyoon barnootaa lafa kaa'ame galma ga'uu isaa safaruuf gargaaru adda baasuuf tajaajila. Bu'uuruma kanaan, xiinxalli ga'umsa ulfaatina gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 bara 2015 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee geggeeffamee gaaffilee qorumsichaa 60 dhiyaatan keessaa 45 ga'umsa ulfaatinaa kan qaban yommuu ta'an, gaaffileen 13 ammoo rakkoo ga'umsa ulfaatinaa kan qaban yookiin baay'ee salphaa ta'uun adda ba'eera. Gama biroon, gaaffilee dhiyaatan keessaa 2 immoo, ulaagaa xiinxala gaaffii waan hinguunneef ga'umsa ulfaatinaa

qabaachuufi dhiisuu isaanii adda baasuun hindanda'amne. Kanaaf, gaaffileen 2 kunneenis warra rakkoo qaban keessatti ramadamu. Walumaagalatti, firiin xiinxala gaaffiilee kanaan argame akka argisiisetti, gaaffileen 15(%25) ta'an kanneen rakkoo qaban yommuu ta'an, gaaffileen 45(%75) ammoo warra ga'umsi ulfaatina isaanii gaarii ta'anidha. Kun immoo gaaffilee qorumsa kanarratti dhiyaatan baay'een gama ulfaatinaan gaarii ta'uu isaanii agarsiiseera. Garuu gaaffileen qorumsaa tokko gama ulfaatinaan qofaan gaarii ta'uun isaa qorumsichi ga'umsa qabaachuuf wabii hinta'u. Sababni isaas ga'umsa gaaffilee qorumsaa mirkaneessuuf dabalataan humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwanii isaa xiinxaluun barbaachisaadha.

6. Yaboo

Qoratiichi argannoo armaan oliirratti hundaa'uun yaboo armaan gadiin kenneera.

- Kutaan qorumsaafi madaallii Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee gaaffilee qorumsa ga'umsa qabu qopheessuuf dursee karoorsuu yookiin gabatee murteessituu qorumsaa qopheessuun barbaachisaadha. Itti aansuun, karoora kanarratti hundaa'uun qaban qopheessuudha.
- Akkasumas, tokkoon tokkoon gaaffiileefi filannoowwan qorumsa qophaa'anii gadi

fageenyaan dubbisuun gulaallii gaggeessuufi dogoggora jiru sirreessuu, qajeelfamoota ifoofi barbaachisoo ta'an kennuu mirkaneessuun gaarii ta'a. Kunis, gaaffileen hanqina qaban akka hinjiraanneefi yoo argamanis, akka sirrataniif gargaara.

- Kana malees, kutaan qorumsaafi madaallii Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee rakkoo ga'umsa dhabuu gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 kana furuuf, xiinxala gaaffilee qorumsaa geggeessuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun barbaachisaa ta'a.

Wabiilee

Brown, D.J. (1996). *Testing in Language Programs*. USA:

David, B. (2019). *Items Anaysis of MultipleChoice Items*. Quees University.

Heaton, J. (1988). *Writing English Language Tests*. London: Longman group uk.Ltd.

Kaplan R. & Saccuzzo D. (2009). *Psychological Test: Principles Application and Issues*. USA: Boston, Massachusetts

MOE. (2014). *Assessment and Evalution of Learning*. Addis Ababa: Unpublished Module

Pal, K. (2023). *Educational Measurement and Evaluation*. Phagwara. Usi Publications: Lovely Professional University.

Ur, P. (1996). *A Course in Language Teaching, Practice and Theory*. Cambridge: Cambridge University press.

Weir, C.J. (1990). *Communicative Language Testing*. London: Prentice Hall International (UK).